# Qabeenya keessaniin, lubbuu keessaniinii fi arraba keessaniin mushrikootatti duulaa

Anas irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Qabeenya keessaniin, lubbuu keessaniinii fi arraba keessaniin mushrikootatti duulaa».
[sirrii] [رواه أبو داود والنسائي وأحمد]

Nabiyyiin -nagaa fi rahanni irra haa jiraatu- kaafirootatti duulutti ajajan, akkasumas karaa danda’ame hundaan akka sagaleen Rabbii ol tahuuf carraaqqii gochuutti ajajan, sana keessaa: Tokkoffaa: Isaanitti duuluu keessatti baasii qabeenya baasuu; meeshaa waraanaa bitachuu, warra qabsaa'u irratti baasii baasuu fi kan kana fakkaataniin. Lammaffaa: isaan qunnamuu fi isaan ofirraa ittisuuf jecha ubbuu fi qaaman bahuudha. Sadaffaa: Afaaniin gara amantii kanaatti isaan waamuudha, akkasumas ragaa isaan irratti dhaabuu, isaan ceephessuu fi isaan irratti deebisuudha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee